Waggaa 30ffaa..... Lak. ..........8/2014
30ኛ ዓመት........ቁጥር.............8/2014
30thyear ........... No. .............8/2021

Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa
በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ጨፌ ኦሮሚያ
'Caffee' of Oromia National Regional State

Finfinnee,.................Eebla 13 Bara 2012
ፊንፊኔ፣................ሚያዝያ 13 ቀን 2012 ዓ.ም
Finfine,................................April 20, 2020

# MAGALATA OROMIYAA
# L µ E p ‰ Z M¨ ¦
# MEGELETA OROMIA

| | | |
|---|---|---|
| Gatiin Tokkoo .............. Qarshii 15.20<br>የአ¿«é "¶ ........................ ብር 15.20<br>Unit Price .......................... Birr 15.20 | To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe<br>ï‰ZM¦¦ ብሔራዊ ŒGF" L¿·Rr<br>በጨፌ ኦሮሚያ °mf}r £'» | Lak. S. Poostaa ......... 21383-1000<br>£Þ.Q.e¼Y ...............21383-1000<br>P.O.Box ....................... 21383-1000 |

| QABIYYEE | ማውጫ | CONTENT |
|---|---|---|
| **Dambii Lak. 210/2012** | **ደንብ ቁጥር 210/2012** | **Regulation No. 210/2020** |
| Dambii Sirna Dhiyeessii fi Bulchiinsa Liqii Galteewwan Qonnaa Naannoo Oromiyaa Diriirsuuf Bahe Lakkoofsa 210 /2012 ................................Fuula 1 | የኦሮሚያ ክልል የግብርና ግብዓቶች ብድር አቅርቦት እና አስተዳደር ሥርዓት ለመዘርጋት የወጣ ደንብ ቁጥር 210/2012 ............ገጽ 1 | Regulation Number 210/2020 Regulation to Establish Oromia Region Agricultural Input Loans Supply and Administration System ....................Page 1 |

Dambii Sirna Dhiyeessii fi Bulchiinsa Liqii Galteewwan Qonnaa Naannoo Oromiyaa Diriirsuuf Bahe Lakkoofsa 210 /2012

Naannicha keessatti sirna dhiyeessii fi bulchiinsa liqii galteewwan qonnaa haala iftoomina qabuu fi ittigaafatamummaa mirkaneessuu danda'uun diriirsuun liqiin fedhii qaamolee hojii qonnaa, horsiisa beeyiladaa, teeknolojiiwwan sona dabalanii fi hojii makaanaayizeeshinii qonnaa irratti bobba'anii fi bobba'uu barbaadanii guutuu danda'u akka dhiyaatu taasisuun oomishaa fi oomishtummaa qonnaa guddisuun waan barbaachiseef;

Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa

የኦሮሚያ ክልል የግብርና ግብዓቶች ብድር አቅርቦት እና አስተዳደር ሥርዓት ለመዘርጋት የወጣ ደንብ ቁጥር 210/2012

በክልሉ ውስጥ የግብርና ግብዓቶች ብድር አቅርቦት እና አስተዳደር ሥርዓትን ግልጽነት ባለው መልኩና ተጠያቂነትን ለማረጋገጥ በሚያስችል ሁኔታ በመዘርጋት በግብርና፣ በእንስሳት እርባታ፣ እሴት በሚጨምሩ ቴክኖሎጂዎች እና በግብርና መካናይዜሽን ተግባራት ላይ የተሰማሩ እና ለመሠማራት የሚፈልጉ አካላት ፍላጎትን ሊያሟላ የሚችል የግብርና ግብዓቶች ብድር እንዲቀርብ በማድረግ የግብርና ምርትና ምርታማነትን ማሣደግ በማስፈለጉ፤

Regulation Number 210/2020
Regulation to Establish Oromia Region Agricultural Input Loans Supply and Administration System

WHEREAS, it is found essential that through establishing a transparent and accountable agricultural inputs loan supply and administration system so as to ensure the supply of the loans that meet the demands of bodies engaged and those interested to engage in farming, livestock husbandry, value added technologies and agricultural mechanization activities; and thereby increase agricultural production and productivity;

Madda liqii, haaldureewwan liqii argachuuf guutamuu qaban, dirqama liqeessaa fi liqeeffataa akkasumas turtii yeroo liqiin itti deebi'u murteessuun dhiyeessiin liqii galteewwaan qonnaa yeroo fi bakka barbaadamutti karaa ittifufiinsaa fi qulqullina qabuun akka dhiyaatu haala mijataa uumuun barbaachisaa waan ta'eef;

Seektaroota dhiyeessi fi bulchiinsa liqii galteewwan qonnaa keessatti gahee qabanii fi qooda fudhattootni qindoominaan gahee isaanii akka bahan taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Lakkoofsa 213/2011 keewwata 71 (2) tiin Dambiin kanatti aanu bahee jira.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

**1. Mata Duree Gabaabaa**

Dambiin kun "Dambii Sirna Dhiyeessii fi Bulchiinsa Liqii Galteewwan Qonnaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 210/2012" jedhamee waamamuu ni danda'a.

**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Dambii kana keessatti:

1) "Baankii" jechuun dhaabbata tajaajila baankii kennuuf qaama aangoo qabu irraa hayyama argate ta'ee, liqii maallaqaa, akaakuun, dhalaa fi dhala malee herregee kan kennuu, kaa'u, sassaabu, maallaqa daddabarsaa fi qusannoo mootummaa, nama dhuunfaa fi waldaalee tajaajila kennuuf aangoo kan qabu jechuudha.
2) "Biiroo" jechuun Biiroo Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Oromiyaa jechuudha.
3) "Boordii" jechuun Boordii dhiyeessii fi bulchiinsa liqii galteewwan qonnaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.

የብድር ምንጭን፣ ብድር ለማግኘት መሟላት ያለባቸው ቅደመ ሁኔታዎችን፣ የአበዳሪና ተበዳሪ ግዴታዎች እንዲሁም ብድሩ የሚመለስበትን የጊዜ ቆይታ በመወሰን የግብርና ግብዓቶች ብድር አቅርቦት ቀጣይነትና ጥራት ባለው መልኩ በወቅቱና በሚፈለግበት ሥፍራ እንዲቀርብ ምቹ ሁኔታን መፍጠር አስፈላጊ በመሆኑ፤

በግብርና ግብዓቶች ብድር አቅርቦት እና አስተዳደር ላይ ሚና ያላቸው እና ባለድርሻ የሆኑ ሴክተሮች በቅንጅት ድርሻቸውን እንዲወጡ ማድረግ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

በአዋጅ ቁጥር 213/2011 አንቀጽ 71 (2) መሠረት የሚከተለው ደንብ ወጥቷል፡፡

## ክፍል አንድ
## ጠቅላላ ድንጋጌዎች

**1. አጭር ርዕስ**

ይህ ደንብ "የኦሮሚያ ክልል የግብርና ግብዓቶች አቅርቦትና አስተዳደር ሥርዓት ደንብ ቁጥር 210/2012" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል፡፡

**2. ትርጓሜ**

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ ደንብ ውስጥ፡-

1) "ባንክ" ማለት የባንክ አገልግሎት ለመስጠት ሥልጣን ካለው አካል ፈቃድ ያገኘ ድርጅት ሆኖ፣ የገንዘብ ብድር፣ በዓይነት፣ ከነወለድና ያለ-ወለድ ሂሣብ ሰርቶ የሚሰጥ፣ የሚያስቀምጥ፣ የሚሰበስብ የመንግስት፣ የግለሰብና የማህበራት ገንዘብ ማስተላልፍ እና ቁጠባ አገልግሎት ለመስጠት ሥልጣን ያለው ማለት ነው፡፡
2) "ቢሮ" ማለት የኦሮሚያ ግብርና እና የተፈጥሮ ሃብት ቢሮ ማለት ነው፡፡
3) "ቦርድ" ማለት የኦሮሚያ ክልል የግብርና ግብዓቶች ብድር አቅርቦትና አስተዳደር ቦርድ ማለት ነው፡፡

WHEREAS, it is necessary to create conducive environment for the supply of agricultural inputs at the required time and place sustainably and in quality through determining the source of the credit, the required preconditions for obtaining loan, obligations of the lender and borrower as well as the repayment period of the debt;

WHEREAS, it is found essential to make the sectors having roles in the supply and management of agricultural inputs and stakeholders discharge their roles in a coordinated manner;

NOW, THEREFORE, in accordance with Article 71 (2) of Proclamation Number 213/2019, the following regulation is hereby issued:

## Part One
## General Provisions

**1. Short Title**

This regulation may be cited as "Oromia Region Agricultural Inputs Loans Supply and Administration System Number 210/2020."

**2. Definitions**

Unless the context otherwise requires, in this regulation:

1) "Bank" means financial organization licensed by authorized body to provide banking service that has power to provide loans in cash and kind with interest or without interest, deposit, collect same, transfer money and provide saving services for government, individual person and associations.
2) "Bureau" means Oromia Region Agriculture and Natural Resources Protection Bureau.
3) "Board" means the Provision and Administration of Credits for Agricultural Inputs of Oromia Region.

4) “Bulchiinsa Liqii” jechuun sochii hojii madda liqii fi fedhii liqii adda baasuun dhiyeessuu, liqii kennuu, galmeewwan liqii qindeessuu, itti fayyadama liqii ilaalchisee deeggarsa barbaachisu kennuu, liqeeffataan yeroo barbaachisu keessatti deebisuu fi qajeelfamoota liqii irratti hundaa’uudhaan jalqabaa hanga xumuratti hojjetamu jechuudha.

5) “Callaa Guddistuu” jechuun galteewwan qonnaa kanneen akka xaa’oo, nooraa, sanyii midhaanii, sanyii kuduraa fi muduraa akkasumas keemikaalota qonnaa kannneen akka farra ilbisootaa, farra dhibee fi farra aramaa oomishaa fi oomishitummaa qonnaa dabaluuf fayyadan jechuudha.

6) “Dhaabbilee Fayinaansii” jechuun maallaqa sochoosuuf, liqeessuuf, liqaa liqeessan deebisanii sassaabuuf mirga seeraan kan qaban jechuudha.

7) “Dhiyeessii” jechuun galteewwan qonnaa adda addaa karaa dhaabbilee dhiyeessitootaa mana kuusaa yuuniyeenotaa yookiin waldaalee bu’uuraa biraan gahu jechuudha.

8) “Fandii Naannawaa” jechuun baajata mootummaa naannoo Oromiyaa fi qaamolee biroo hojii qonnaa deeggaran irraa argamee hojii galteewwan qonnaatiif maallaqaan yookiin akaakuun ramadamee liqaan qaama liqeeffatuuf liqeeffamee yeroo murtaa’e keessatti sassaabamee qaama liqeeffatu kan birootiif deebi’ee liqaan kan kennamu jechuudha.

9) “Federeeshinii” jechuun Federeeshinii Qonnaa Waldaa Hojii Gamtaa Oromiyaa jechuudha.

4) “የብድር አስተዳደር” ማለት የብድር ምንጭ እና ፍላጎትን በመለየት ማቅረብ፣ ብድር መስጠት፣ የብድር መዛግብቶችን ማቀናጀት፣ የብድር አጠቃቀምን አስመልክቶ አስፈላጊውን ድጋፍ መስጠት፣ ተበዳሪው አካል በተገቢው ጊዜ ብድር መመለስ እና በብድር መመሪያዎች ላይ በመመስረት ከመጀመሪያ እስከ መጨረሻ የሚፈጸም የሥራ እንቅስቃሴ ማለት ነው፡፡

5) “የምርት ማሣደጊያ ግብዓት” ማለት የግብርና ምርትና ምርታማነትን ለመጨመር የሚረዱ እንደ ማዳበሪያ፣ ኖራ፣ የሰብል ዘር፣ የአትክልትና ፍራፍሬ ዘር ያሉ የግብርና ግብዓቶች እንዲሁም እንደ ፀረ ተባይ፣ ፀረ በሽታ እና ፀረ አረም የግብርና ኬሚካሎች ማለት ነው፡፡

6) “የፋይናንስ ተቋማት” ማለት ገንዘብ ለማንቀሣቀስ፣ ለማበደር፣ ያበደሩትን ብድር መልሰው ለመሰብሰብ ህጋዊ መብት ያላቸው ተቋማት ማለት ነው፡፡

7) “አቅርቦት” ማለት የተለያዩ የግብርና ግብዓቶችን በአቅራቢ ድርጅቶች በኩል ለዩኒየኖች ወይም ለመሠረታዊ ማህበራት መጋዘኖች ማቅረብ ማለት ነው፡፡

8) “ተዘዋዋሪ ፈንድ” ማለት የግብርና ልማት ደጋፊዎች ከሆኑ የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት እና ሌሎች አካላት የተገኘ በጀት ለግብርና ግብዓት እንዲውል በጥሬ ገንዘብ ወይም በዓይነት ተመድቦና ለተበዳሪ አካላት በብድር ከተሰጠ በኋላ በተወሰነ ጊዜ ውስጥ ተሰብስቦ ተመልሶ ለሌላ ተበዳሪ አካላት በብድር የሚሰጥ ፈንድ ማለት ነው፡፡

9) “ፌዴሬሽን” ማለት የኦሮሚያ ሕብረት ሥራ ማህበራት ፌዴሬሽን ማለት ነው፡፡

4) “Loan Management” means activity of providing credits by identifying its source and demands, providing loans, organizing credit records, providing necessary support on the utilization of credits, reimbursement of the debtor on time and other similar activities performed from commencement up to completion based on directives of credit.

5) “Production Enhancers” means agricultural inputs such as fertilizers, lime, seeds, fruits and vegetables seeds and agricultural chemicals such as pesticides, antibodies and herbicides that help to increase agricultural production and productivity.

6) "Financial Institutions" means those institutions that are legally authorized for transferring, lending, recollecting the credits they have lent.

7) "Supply" means the supply of various agricultural inputs to the warehouses of unions or basic associations through supplier organizations.

8) "Revolving Fund" means the budget obtained from Oromia Regional State and from other agricultural development supporters which is allocated for agricultural inputs in the form of cash or kind and lend to the borrowers to be recollected within some fixed time and again provided to other borrowers through credits.

9) "Federation" means the Oromia Agricultural Cooperatives Federation.

10) “Galtee Qonnaa” jechuun qaama dhimmi ilaaluun kan mirkanaa’e gosa sanyii midhaanii, nyaata beeyiladaa, meeshaalee qonnaa, xaa’oo, nooraa biyyee dhangaggaa’e fooyyessu, qorichaa fi meeshaalee tajaajila beeyiladaa, galteewwan horsiisa beeyiladaa, meeshaalee horsiisa kanniisaa, meeshaalee qindeessa aannanii, keemikaaloota tajaajila eegumsa biqiltuuf oolan, uffannaa ofeegannoo, meeshaalee tajaajila qonnaa sabsii duraa fi boodaa, teeknolojiiwwan hojii qonnaaf sona dabalan, galteewwan hojii jallisiif oolan jechuudha.

11) “Garee Kilaasteraa” jechuun namoota ooyiruun isaanii waldaangessu qabanii fi oomisha walfakkaatu kan oomishan yookiin iddoo itti hojjetan yookiin oomishan ijaaramanii waliin kan qaban jechuudha.

12) “Horsiisee Bulaa” jechuun nama jiruu fi jireenyi isaa beeyilada horsiisuu irratti hundaa’e jechuudha.

13) “Kilaastera” jechuun ooyiruu qonnaan/horsiisee bulaa lafa waldaangessu irratti hojii teeknolojii qonnaa wal ffakkaatuu/ oomishaa walfakkaatu oomishuuf kan adda bahe jechuudha.

14) “Koree Teeknikaa” jechuun hojii dhiyeessii galteewwan qonnaa, raabsii, ittifayyadama, deebii liqii hordofuu fi deeggaru, rakkoolee qunnaman hiikuu fi rakkoon jiru yoo humnaa ol ta’e qaamolee dhimmi ilaalatuuf kan gabaasu waajjiraalee mootummaa fi bulchiinsa Gandaa irraa kan ijaaraman jechuudha.

10) “የግብርና ግብዓት” ማለት ጉዳዩ በሚመለከተው አካል የተረጋገጠ የሰብል ዘር፣ የእንስሳት መኖ፣ የእርሻ መሣሪያ፣ ማዳበሪያ፣ የአሲዳማ አፈር ማሻሻያ ኖራ፣ መድሐኒቶችና የእንስሣት እንክብካቤ መሣሪያዎች፣ የእንስሣት እርባታ ግብዓቶች፣ የንብ እርባታ መሣሪያዎች፣ የወተት ማቀነባበሪያ መሣሪያዎች፣ ለዕጽዋት ጥበቃ የሚያገለግሉ ኬሚካሎች፣ የጥንቃቄ አልባሳት፣ የቅድመና ድህረ ምርት ስብሰባ የእርሻ መገልገያ መሣሪያዎች፣ የግብርና ሥራ እሴት መጨመሪያ ቴክኖሎጂዎች እና ለመስኖ ሥራ የሚውሉ ግብዓቶች ማለት ነው፡፡

11) “የክላስተር ቡድን” ማለት የሚዋሰን የእርሻ ማሣ ያላቸው እና ተመሳሳይ ምርት የሚያመርቱ ወይም በመደራጀት የመስሪያ ወይም የማምረቻ ቦታ በጋራ ያላቸው ሰዎች ማለት ነው፡፡

12) “አርብቶ አደር” ማለት የመተዳደሪያ ገቢ ምንጩ በእንስሳት እርባታ ላይ የተመሰረተ ሰው ማለት ነው፡፡

13) “ክላስተር” ማለት በሚዋሰነው መሬታቸው ላይ ተመሣሣይ የግብርና ቴክኖሎጂ ሥራ/ ተመሣሣይ ምርት ለማምረት የተለየ የአርሶ ወይም አርብቶ አደር ማሳ ማለት ነው፡፡

14) “የቴክኒክ ኮሚቴ” ማለት ከመንግስት መስሪያ ቤቶች እና ከቀበሌ አስተዳደር ውስጥ በተውጣጡ አባላት የተመሠረተ የግብርና ግብዓቶች አቅርቦት፣ ስርጭት፣ አጠቃቀም፣ የብድር አመላለስን የሚከታተልና የሚደግፍ፣ የሚገጥሙ ችግሮችን የሚፈታ እና ችግሩ ከአቅም በላይ ከሆነም ለሚመለከታቸው አካላት የሚያሳወቅ ኮሚቴ ማለት ነው፡፡

10) "Agricultural Input" means type of crop seeds, animal feed, agricultural equipment, fertilizer, acidic soil fertilizer, veterinary drugs and equipment of livestock services, animal inputs, beekeeping equipment, dairy processing equipment, plant protection chemicals, safety clothing, pre- and post-harvest agricultural service equipment, value adding agricultural technologies, irrigation activity inputs accredited by concerned body.

11) "Team of Clusters" means persons having adjacent farmlands producing similar production or have common working or production place being organized.

12) "Pastoralist" means person whose livelihood relies on animal husbandry.

13) "Cluster" means the adjacent farmland of the farmer or pastoralist identified to produce similar agricultural technology or similar products on it.

14) "Technical Committee" means Committee organized from members drawn out of government offices and the kebele administration which performs supplying agricultural inputs, monitoring and supporting of its distribution, use and repayment of agricultural inputs credits, solving encountered problems and reporting the problems which are beyond its capacity to the concerned body.

15) “Kuuppoonii” jechuun nagahee waldaalee hojii gamtaa qusannoo fi liqii yookiin Waldaa Aksiyoona Liqii fi Qusannaa Oromiyaa irraa qonnaan bulaa yookiin horsiisee bulaan callaa guddistuu qonnaa bituuf yookiin liqeeffachuuf kennamuuf ta'ee, callaa guddistuu mana kuusaa waldaalee hojii gamtaa qonna maraa irraa kan ittiin fudhatamuudha.

16) “Liqii Galteewwan Qonnaa” jechuun maallaqa mootummaa naannoo Oromiyaatiin hayyamame bittaa galteewwan qonnaatiif ooluu fi qonnaan bulaa yookiin horsiisee bulaaf dhiyaatee liqiin isaa waggaa tokko yookiin sagantaa yeroo murtaa'e keessatti kan deebi'uu qabu jechuudha.

17) “Mootummaa” jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.

18) “Naannoo” jechuun Naannoo Oromiyaa jechuudha.

19) “Qonnaa” jechuun hojiilee teekinoloojii qonna ammayyaan yookiin qonna aadaan hojjetamu ta'ee, oomisha midhaanii, oomisha kuduraa fi muduraa, oomisha bunaa fi shaayii, horsiisa beeyiladaa, horsiisa kanniisaa, eegumsaa fi kunuunsa qabeenya uumamaa, hojii jallisii fi kan kana fakkaatu jechuudha.

20) “Qonnaan Bulaa” jechuun nama dhuunfaan yookiin ijaaramanii qabiyyee lafa qonnaa qaban irratti hojii qonnaa hojjechuun galii yookiin oomisha hojii qonnaa irraa argataniin jiraatan jechuudha.

21) “Qooda Fudhattoota” jechuun qaamolee adda addaa hojii bittaa, dhiyessii fi raabsa galteewwan qonnaa irratti hirmaannaa qaban jechuudha.

15) ”ኩፖን“ ማለት አርሶ አደሩ ወይም አርብቶ አደሩ የግብርና ምርት ማሳደጊያ ግብዓቶችን ይገዛበት ወይም ይበደርበት ዘንድ ከኦሮሚያ ብድርና ቁጠባ ህብረት ሥራ ማህበራት ወይም በብድርና ቁጠባ አክስዮን ማህበር የሚሰጠው ደረሰኝ ሆኖ ከማንኛውም የግብርና ህብረት ሥራ ማህበራት መጋዘን የግብርና ምርት ማሳደጊያ ግብዓት የሚወሰድበት ሰነድ ነው።

16) “የግብርና ግብዓቶች ብድር” ማለት በኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ለግብርና ግብዓቶች ግገር እንዲውል የተፈቀደ እና ለአርሶ አደሩ ወይም አርብቶ አደሩ ቀርቦ ብድሩም በአንድ ዓመት ወይም በተወሰነ ጊዜ ፕሮግራም ውስጥ መመለስ ያለበት የብድር ገንዘብ ዓይነት ነው።

17) “መንግስት” ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ማለት ነው።

18) ”ክልል” ማለት የኦሮሚያ ክልል ማለት ነው።

19) “ግብርና “ ማለት በዘመናዊ ቴክኖሎጂ ወይም በባህላዊ ግብርና የሚከናወን የእርሻ ሥራ ሆኖ፤ የሰብል ምርት፣ የአትክልትና ፍራፍሬ ምርት፣ የቡና እና ሻይ ምርት፣ የእንስሳት እርባታ፣ የንብ ማነብ፣ የተፈጥሮ ሃብት ጥበቃና እንክብካቤ የመስኖ ልማት ሥራ እና የመሳሰሉት ተግባራት ማለት ነው።

20) “አርሶ አደር” ማለት በግል ወይም በመደራጀት ባላቸው የእርሻ መሬት ይዞታ ላይ የግብርና ሥራ በመስራት በሚያገኙት ገቢ ወይም በሚያገኙት የግብርና ሥራ ምርት የሚተዳደሩ ማለት ነው።

21) “ባለድርሻዎች” ማለት በግብርና ግብዓቶች ግዥ፣ አቅርቦት እና ስርጭት ሥራ ላይ ተሳትፎ ያላቸው የተለያዩ አካላት ማለት ነው።

15) “Coupon” means a receipt issued by Oromia Savings and Credit Cooperatives or by Oromia Credit and Savings Share Company to the farmer or pastoralist for buying or borrowing agricultural inputs; is a document used to take agricultural inputs from all warehouses of agricultural inputs.

16) "Agricultural Input Loan" means money allowed by Oromia Regional State to be used for purchase of agricultural inputs which is supplied to the farmer or pastoralist the debts of which shall be repaid within a period of one year or within certain defined period of time.

17) "Government" means the Government of Oromia Region.

18) "Region" means Oromia Region.

19) "Agriculture" means agricultural activities performed being supported by modern farming technology or culturally which includes crop production, vegetables and fruits production, coffee and tea production, livestock production, bee production natural resources protection and conservation, irrigation development and the likes.

20) "Farmer" means a private person or association of persons who are engaged in agricultural activity on their farmlands and support their livelihood with the income they earn from such activity.

21) "Stakeholders" means various bodies participating in the procurement, supply and distribution of agricultural inputs.

22) "Wabii" jechuun qaamni liqii fudhatu tokko liqii galteewwan qonnaa liqeeffate yeroo jedhame keessatti yoo deebisuu baatee fi gonkumaa liqii fudhate kana deebisuu kan hin dandeenye yoo ta'e, bakka isaa bu'ee liqii kana kan kaffalu jechuudha.

23) "Waldaa Bu'uuraa" jechuun qonnaan bultoota yookiin horsiisee bultoota fedhii fi kaayyoo waliinii qabaatanii akkaataa Labsii Waldaalee Hojii Gamtaa Naannoo Oromiyaatiin oomishuuf, tajaajila kennuuf yookiin lamaanuu hojjechuuf waldaa hojii gamtaa sadarkaa 1ffaa hundaa'an jechuudha.

24) "Yuuniyeenii" jechuun waldaaleen bu'uuraa rakkoo gama diinagdee qofaatti hiikachuu hin dandeenye waliin ta'uun hiikachuuf sadarkaa 2ffaa ijaaramee qaama beekamtii seeraa argate yookiin yuuniyeeni waldaa hojii gamtaa qonnaan bultootaa jechuudha.

**3. Ibsa Koornayaa**

Dambii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatin ibsame dubartiis ni dabalata.

**4. Daangaa Raawwatinsaa**

Dambiin kun hojiiwwan dhiyeessii fi bulchiinsa liqii galteewwan qonnaatiin walqabatee naannicha keessatti raawwatamanii fi qaamolee dhimmi ilaallatu hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

## Kutaa Lama
## Haala Dhiyeessi Liqii Galteewan Qonnaa

**5. Madda Liqii**

Maddi liqii galteewwan qonnaa kanneen armaan gadii irraa kan argamu ta'a:

1) Mootummaan baajata isaa qabsisuudhaan callaa guddistuu (xaa'oo, nooraa, sanyii midhaanii, sanyii kuduraa fi muduraa fi keemikaalota qonnaa adda addaa), bituun kan dhiyeessu,

22) "ዋስትና" ማለት አንድ ብድር የሚወስድ አካል የተበደረውን የግብርና ግብዓት ብድር በተባለው ጊዜ ውስጥ ካልመለሰ እና ይህን የወሰደውን ብድር በፍጹም መመለስ የማይችል ከሆነ በዕርሱ ቦታ ተተክቶ ይህን ብድር የሚከፍል ማለት ነው፡፡

23) "መሠረታዊ ማህበራት" ማለት የጋራ ፍላጎትና ዓላማ ያላቸው አርሶ አደርሮች ወይም አርብቶ አደሮች በኦሮሚያ የህብረት ሥራ ማህበራት አዋጅ መሠረት ለማምረት፣ አገልግሎት ለመስጠት ወይም ሁለቱንም ለማከናወን የተቋቋመ 1ኛ ደረጃ የህብረት ሥራ ማህበር ማለት ነው፡፡

24) "ዩኒየን" ማለት የኢኮኖሚ ችግራቸውን ለብቻቸው መፍታት ያልቻሉ መሠረታዊ ማህበራት በጋራ በመሆን ለመፍታት በ2ኛ ደረጃ ተደራጅቶ ህጋዊ ሰውነት ያገኘ አካል ወይም የአርሶ አደሮች ህብረት ሥራ ማህበር ዩኒየን ማለት ነው፡፡

**3. የፆታ አገላለጽ**

በዚህ ደንብ ውስጥ በወንድ ጾታ የተገለጸ ቃል ለሴት ፆታም ተፈጻሚነት ይኖረዋል፡፡

**4. የተፈፃሚነት ወሰን**

ይህ ደንብ ከግብርና ግብዓት ብድር አቅርቦት እና አስተዳደር ጋር ተያይዞ በክልሉ ውስጥ በሚፈጸሙ ተግባራት እና ጉዳዩ በሚመለከታቸው አካላት ሁሉ ላይ ተፈፃሚነት ይኖረዋል፡፡

## ክፍል ሁለት
## የግብርና ግብዓቶች ብድር አቅርቦት ሁኔታ

**5. የብድር ምንጭ**

የግብርና ግብዓቶች የብድር ምንጭ ከሚከተሉት የሚገኝ ይሆናል፡-

1) መንግስት ከበጀቱ በማስያዝ ገዝቶ የሚያቀርበው የምርት ማሳደጊያ ማለትም የአፈር ማዳበሪያ፣ ኖራ፣ የእህል ምርጥ ዘር፣ የአትክልትና ፍራፍሬ ምርጥ ዘር እና የተለያዩ የግብርና ኬሚካሎች፤

22) "Guarantee" means person or body that repays the agricultural input loan on behalf of the borrower if such borrower fails to repay the loan he has taken within the specified period or if he is by no means able to repay such loan.

23) "Primary Cooperatives" means the primary cooperatives established by the farmers or pastoralists having common interests and objectives with a view to produce, provide services or perform both in accordance with Oromia Cooperatives Societies proclamation.

24) "Union" means the secondary cooperatives or the farmers' cooperatives union established by the basic cooperatives that acquired legal personality with a view to solve their economic problems together.

**3. Gender References**

Any expression in masculine gender shall include the feminine gender.

**4. Scope of Application**

This regulation shall be applicable to all agricultural inputs supply and administration related activities performed within the region and to all concerned bodies.

## Part Two
## Manner of Supplying Agricultural Inputs Loan

**5. Source of Loan**

Agricultural inputs loan shall be obtained from the following source:

1) The government shall buy and provide production enhancers like fertilizers, lime, crop seeds, vegetables and fruits seeds and various agro-chemicals through allocating budget for same;

2) Mootummaan, deeggartootni misooma qonnaa, dhaabbilee mitimootummaa qaama liqaa galteewwan qonnaa fudhatuuf wabii ta'uun karaa baankii, yuuniyeenii waldaa hojii gamtaa qusannoo fi liqiitiin maallaqa yookiin akaakuun dhiyaatan,

3) Fandii naannawaa mootummaan, dhaabbilee mitimootummaa fi deeggartoota hojii qonnaan kan dhiyaatu;

4) Qusannoo miseensota waldaalee hojii gamtaa fi qusannoo dhaabbilee faayinaansii biroo irraa argamu ta'a.

**6. Qaama Liqiin Galteewwan Qonnaa Kennamuuf**

Liqiin galteewwan qonnaa, qonnaan bulaa yookiin horsiisee bulaa dhuunfaan yookiin gareen yookiin waldaan gurmaa'anii hojii misooma qonnaa yookiin misooma beeyiladaa irratti bobba'aniif akkasumas qonnaan bultoota yookiin horsiisee bultoota gara investimantiitti ce'aniif kan liqeeffamu ta'a.

**7. Ulaagalee Liqiin Ittiin Kennamu**

Ulaagaaleen kenniinsa liqii galteewwan qonnaa Qajeelfama bahu keessatti bal'inaan kan ibsamu akkuma jirutti ta'ee:

1) Qonnaan bulaa yookiin horsiisee bulaa yookiin nama hojii qonnaa irratti bobba'uuf fedhii yookiin gaaffii liqii galteewwan qonnaa qabu Boordii sadarkaa Gandaa fi Aanaatti dhiyeeffatee fedhiin yookiin gaaffiin isaa adda bahee mirkanaa'uu qaba;

2) Liqiin kan kennamu nama jiraataa Gandichaa ta'uun isaa mirkanaa'eef ta'a;

2) በመንግስት፣ በግብርና ልማት ደጋፊዎች እና መንግስታዊ ያልሆኑ ድርጅቶች የግብርና ግብዓቶች ብድር ለሚወስዱ አካላት ዋስ በመሆን በባንክ፣ በብድርና ቁጠባ ህብረት ሥራ ማህበራት ዩኒየን በኩል በገንዘብ ወይም በዓይነት የሚቀርቡ፤

3) በመንግስት፣መንግስታዊ ባልሆኑ ድርጅቶች እና በግብርና ልማት ደጋፊዎች የሚቀርብ ተዘዋዋሪ ፈንድ፤

4) ከህብረት ሥራ ማህበራት አባላት እና ከሌሎች የፋይናንስ ተቋማት ቁጠባ የሚገኝ ይሆናል፡፡

**6. የግብርና ግብዓት ብድር የሚሰጣቸው አካላት**

የግብርና ግብዓቶች ብድር በግል ወይም በቡድን ወይም በማህበር ተደራጅተው በግብርና ልማት ወይም በእንስሳት ልማት ሥራ ላይ ለተሰማሩ አርሶ ወይም አርብቶ አደሮች እንዲሁም ወደ ኢንቨስትመንት ለተሸጋገሩ አርሶ አደሮች ወይም አርብቶ አደሮች የሚሰጥ ይሆናል፡፡

**7. የብድር አሰጣጥ መስፈርቶች**

በሚወጣው መመሪያ በዝርዝር የሚገለጸው የግብርና ግብዓቶች ብድር አሰጣጥ መስፈርቶች እንደተጠበቀ ሆኖ፡-

1) አርሶ አደር ወይም አርብቶ አደር ወይም በግብርና ሥራ ላይ ለመሰማራት ፍላጎት ወይም የግብርና ግብዓቶች ብድር ጥያቄ ያለው ሰው ጥያቄውን ለቀበሌ እና ወረዳ ደረጃ ቦርድ በማቅረብ ፍላጎቱ ወይም ጥያቄው ተለይቶ መረጋገጥ አለበት፤

2) ብድር የሚሰጠው የቀበሌው ነዋሪ መሆኑ ለተረጋገጠ ሰው ይሆናል፤

2) Agricultural inputs loan provided through the banks, saving and credit cooperative unions in cash or in kind by the collateral of the government, agricultural development supporters and non-governmental organizations;

3) Revolving fund provided by the government, non-governmental organizations and agricultural development supporters;

4) Savings obtained from members of cooperatives and other financial institutions.

**6. Beneficiaries of Agricultural Input Loans**

Agricultural input loans shall be lent to the farmer or pastoralist who is engaged in agricultural development or livestock development activity privately or in groups or being organized in association as well as the farmers or pastoralists transferred or promoted in to investment.

**7. Criteria for Providing Loans**

Save to the criteria of providing agricultural inputs loan to be specified in detail in the directive to be issued:

1) The amount and type of loan by the farmer or pastoralist or person having the interest or application for agricultural inputs loan so as to engage in agricultural activity shall submit same to the Kebele and District level Board so that his interest or application shall be identified;

2) The loan shall be provided for a person who is proved to be resident of the kebele;

3) Qonnaa bulaan yookiin horsiisee bulaan liqii galteewwan qonnaa barbaadu waraqaa abbaa qabeenyummaa lafaa kan dhiyeessu yookiin bakka hojii misooma beeyiladaa itti gaggeessu qabaachuu isaa ragaa dhiyeeffachuu kan danda'u;
4) Qonnaan bulaan yookiin horsiisee bulaan waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa lafaa /dabtara/ yookiin bakka itti misooma beeyiladaa geggeessu irratti ragaa kan hin qabne yoo ta'e Ganda irraa xalayaa deeggarsaa dhiyeessuu kan danda'u;
5) Qonaan bulaan yookiin horsiisee bulaan lafa kireeffate qonna irratti kan bobba'e yoo ta'e ragaa waliigaltee kireeffannaa lafaa dhiyeessuu kan danda'u;
6) Ulaagaan liqii galteewwan qonnaa hojii makaanayizeeshinii fi teeknoloojiwwan hojii qonnaaf sona dabalanii Qajeelfama Dambii kana rawwachiisuuf baheen kan raawwatu ta'a;
7) Calalliin qonnaan bulaa yookiin horsiisee bulaa liqii galteewwan qonnaa barbaadu ulaagaa Qajeelfama Dambii kana raawwachiisuuf bahuun kan raawwatu ta'a.

**8. Gosoota Liqii Kennamanii**

Gosootni Liqii galteewwan qonnaa bu'uura Dambii kanaatiin kennaman kanneen armaan gadii ta'u:

1) Liqii xaa'oo, nooraa, sanyii filatamaa fi keemikaala qonnaa;
2) Liqii misooma beeyiladaa fi hojii qonnaa adda addaaf;
3) Liqii meeshaalee makaanayizeeshinii qonnaa; fi
4) Liqii teeknolojiiwwan qonnaaf sona dabalanii fi meshaalee misooma jallisii kennamuudha.

3) የግብርና ግብዓቶች ብድር የሚፈልግ አርሶ አደር ወይም አርብቶ አደር የመሬት ባለቤትነት የምስክር ወረቀት የሚያቀርብ ወይም የእንስሳት ልማት ሥራ የሚያካሄድበት ቦታ ያለው መሆኑን የሚያረጋግጥ ማስረጃ ማቅረብ የሚችል፤
4) አርሶ አደሩ ወይም አርብቶ አደሩ የመሬት ባለቤትነት ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት (ደብተር) ወይም እንስሳት ልማት ሥራ ስለሚያካሄድበት ቦታ ማስረጃ የሌለው ከሆነ ከዚያ ቀበሌ የድጋፍ ደብዳቤ ማቅረብ የሚችል፤
5) አርሶ አደሩ ወይም አርብቶ አደሩ መሬት ተከራይቶ በግብርና ላይ ተሰማርቶ ከሆነ የመሬት ኪራይ ውል ማስረጃ ማቅረብ የሚችል፤
6) የግብርና ሜካናይዜሽን ሥራ እና የግብርና ሥራ ዕሴት የሚጨምሩ ቴክኖሎጂዎች ብድር አሰጣጥ መስፈርቶች ይህን ደንብ ለማስፈጸም በሚወጣው መመሪያ መሠረት የሚፈጸም ይሆናል፤
7) የግብርና ግብዓቶች የሚፈልግ አርሶ አደር ወይም አርብቶ አደር ልየታ ይህን ደንብ ለማስፈጸም በሚወጣ መመሪያ መስፈርት መሠረት የሚፈጸም ይሆናል፡፡

**8. የሚሰጡ የብድር ዓይነቶች**

በዚህ ደንብ መሠረት የሚሰጡ የግብርና ግብዓቶች ብድር ዓይነቶች የሚከተሉት ይሆናሉ፡-

1) የማዳበሪያ፣ ኖራ፣ ምርጥ ዘር እና የግብርና ኬሚካሎች ብድር፤
2) ለእንስሳት ልማት እና ለተለያዩ የግብርና ሥራዎች የሚውል ብድር፤
3) ለግብርና ሜካናይዜሽን መሣሪያዎች የሚውል ብድር፤ እና
4) የግብርና ዕሴት የሚጨምሩ ቴክኖሎጂዎች እና ለመስኖ ልማት ለሚውሉ መሣሪያዎች የሚሰጥ ብደር ነው፡፡

3) The farmer or pastoralist seeking for a loan of agricultural inputs shall submit the farm land ownership certificate or evidence ascertaining to have a place where he conducts livestock development activity;
4) If the farmer or pastoralist seeking for loan of agricultural inputs has no certificate (book) of ownership of farmland or evidence ascertaining to have a place where he conducts livestock development activity, he shall present a letter of support from his kebele;
5) If the farmer or pastoralist engage in agricultural activity by renting the land, he shall present evidence of land renting contract;
6) The criteria for loan of agricultural inputs of agricultural mechanization and value adding technologies of agricultural activities shall be implemented in accordance with the directive issued for the implementation of this regulation;
7) The screening of the farmer and pastoralist who is seeking for loan of agricultural inputs shall be implemented in accordance with the directive issued for the implementation of this regulation.

**8. Types of Loans Provided**

Types of agricultural inputs loans to be provided as per this regulation shall be the following:

1) Loans of fertilizers, lime, selected/improved seeds and agricultural chemicals;
2) Loans for livestock development and various agricultural activities;
3) Loan for agricultural mechanization; and
4) Loans for agricultural value adding technologies and for irrigation development equipment.

## 9. Sirna Adeemsa Dhiyeessii Liqii

1) Addeemsi liqii xaa'oo, nooraa, sanyii filatamaa fi keemikaala qonnaa bu'uura Qajeelfama Dambii kana rawwachiisuuf bahuun hojiirra kan oolu ta'a.
2) Liqiin misooma beeyiladaa, meeshaalee makaanayizeeshinii qonnaa fi teeknolojiiwwan qonnaaf sona dabalanii akkaataa mootummaa fi dhaabbileen qonna deeggaran haala mijeessanii, yeroo qaama ilaallatu beeksisanitti waliigalteen Baankii, dhaabbilee faayinaansii fi liqeeffataa gidduutti taasifamu bu'ureffatee kan dhiyaatu ta'a.

## 10. Haala Kaffaltii Duraa

Fedhiin qonnaan bulaan yookiin horsiisee bulaan galteewwan qonnaa liqeeffachuuf dhiyeeffate erga adda bahee Boordii iddoo (bakka) sana jiruun mirkanaa'ee booda:

1) Qonnaan bulaan yookiin horsiisee bulaan galteewwan qonnaa adda addaa fi misooma beeyiladaaf liqeeffachuuf fedhii dhiyeeffate liqii gaafate keessaa qonnaan bulaa yookiin horsisee bulaa adda dureen harka shantama (% 50) kaffaltii duraa kan kaffalu yoo ta'u, qonnaan bulaa yookiin horsisee bultoonni giddugaleessii fi harka qalleeyyii ta'an yoo xiqqaate harka diigdama (% 20) kaffaltii duraa kaffaluun kan liqeeffatan ta'a.
2) Qaamni liqii makaanayizeeshinii fi teeknolojiiwwan hojii qonnaaf sona dabalanii liqeeffatu liqii gaafate keessaa kaffaltii duraa harka soddoma (% 30) kaffalee kan liqeeffatu ta'ee, harka torbaatama (% 70) hafuuf liibiree makaanayizeeshinii yookiin meeshaalee teeknolojiiwwan qonnaatiif liqiin fudhatu qabsiisee kan liqeeffatu ta'a.

## 9. የብድር አቀራረብ ሥርዓት

1) የማዳበሪያ፣ ኖራ፣ ምርጥ ዘር እና የግብርና ኬሚካሎች ብድር ሂደት ይህን ደንብ ለማስፈጸም በሚወጣው መመሪያ መሠረት ሥራ ላይ የሚውል ይሆናል፡፡
2) የእንስሳት ልማት፣ የግብርና ሜካናይዜሽን መሣሪያዎች እና የግብርና ዕሴት ለሚጨምሩ ቴክኖሎጂዎች ብደር መንግስት እና ግብርናን የሚደግፉ ድርጅቶች ሁኔታዎችን አመቻችተው ለሚመለከተው አካል በሚያሳውቁበት ጊዜ በባንክ፣ በፋይናንስ ተቋማት እና በተበዳሪዎች መካከል የሚደረገውን ውል መሠረት በማድረግ የሚቀርብ ይሆናል፡

## 10. የቅደመ ክፍያ ሁኔታ

አርሶ አደሩ ወይም አርብቶ አደሩ የግብርና ግብዓቶችን ለመበደር ያቀረበው ፍላጎት ተለይቶ በሥፍራው በሚገኝ ቦርድ ከፀደቀ በኃላ፡-

1) አርሶ አደሩ ወይም አርብቶ አደሩ ለተለያዩ የግብርና ግብዓቶች እና ለእንስሳት ልማት ለመበደር ፍላጎት ካቀረበ ከጠየቀው የብድር መጠን ውስጥ ሞዴል አርሶ አደር ወይም አርብቶ አደር ሃምሳ ፐርሰንት (50%) ቅድመ ክፍያ የሚከፍል ሲሆን መካከለኛ እና አነስተኛ ገቢ ያላቸው አርሶ አደር ወይም አርብቶ አደሮች ቢያንስ ሃያ ፐርሰንት (20%) ቅድመ ክፍያ በመክፈል የሚበደሩ ይሆናል
2) ለግብርና ሜካናይዜሽን እና የግብርና እሴት ለሚጨምሩ ቴክኖሎጅዎች የሚበደር አካል ከጠየቀው የብድር መጠን ውስጥ ሰላሳ ፐርሰንት (30%) ከፍሎ የሚበደር ሆኖ ለቀሪው ሰባ ፐርሰንት (70%) የሜካናይዜሽኑ ሊብሬ ወይም ለግብርና ቴክኖሎጂ በብደር የሚወስዳቸውን መሣሪያዎች በማስያዝ የሚበደር ይሆናል፡፡

## 9. Loan Delivery System

1) The process of loan for fertilizers, lime, selected seeds and agricultural chemicals shall be implemented in accordance with the directives issued to implement this regulation.
2) Loans for livestock development, agricultural mechanization equipment and agricultural value-adding technologies shall be provided in accordance with the contract to be concluded between the banks, financial institutions and the borrower up on the government and agriculture supporting bodies facilitate conditions and notify to the concerned body.

## 10. Manner of Down Payments

After the demand that the farmer or pastoralist has presented for borrowing agricultural inputs is identified and approved by the Board of that particular place:

1) Among the farmers or pastoralists who present demand and apply for taking loan of various agricultural inputs and livestock developments the model farmer or pastoralist shall pay fifty percent (50%) down payment, and the middle and low-income farmer or pastoralist shall pay at least twenty percent (20%) down payment and borrow the loan.
2) The borrower of loan for agricultural mechanization equipment and agricultural value-adding technologies shall pay thirty percent (30%) down payment of the amount of loan it has requested and shall attach guarantee of the title deed of the mechanization or the agricultural technology equipment he is going to take via loan for the remaining seventy percent (70%) so as to take the concerned loan.

## 11. Haala Kaffaltii Tajaajila Liqii

1) Liqiin galteewwan qonnaa karaa waldaa hojii gamtaa bu'uuraa qusannaa fi liqiitiin kan kennamu yoo ta'e, qonnaan bulaan yookiin horsiisee bulaan miseensa waldichaa ta'e kaffaltii tajaajila liqii bilisaan waldaa isaa irraa kan argatu ta'a.
2) Qonnaan bulaan yookiin horsiisee bulaan miseensa waldaa hojii gamtaa bu'uuraa qusannaa fi liqii hin taane waldicha keessatti abbaa qabeenyummaa waan hin qabneef, tajaajila liqii galteewwan qonnaa argachuudhaaf baasiiwwan adda addaa kanneen akka meeshaalee barreeffamaatiif, hordoffii fi deeggarsa liqii galteewwan qonnaa irratti kennanii fi sassaabbii liqiitiif baasiwwan bahaniif liqii kenname irratti % 1 dabalanii kaffaluun kan argatan ta'a.

## 12. Haala Kaffaltii Dhala Liqii

1) Dhalli liqii galteewwan qonnaa sirna kuuppooniin dhiyaatu akkaataa Qajeelfama Ejensii Babal'ina Waldaalee Hojii Gamtaa baasee hojiirra jiruun yookiin Qajeelfama gara fuulduraatti fooyya'ee bahuutiin kan raawwatu ta'a.
2) Dhalli liqii makaanayizeeshinii qonnaa, teeknolojii hojii qonnaaf sona dabalanii fi misooma beeyiladaaf liqeeffatan kaffaltii dhala liqii ilaalchisee bu'uura Dambii yookiin Qajeelfama baankii, dhaabbilee faayinansii fi yuuniyeeni waldaa hojii gamtaa qusannaa fi liqiitiin kanaan dura bahanii hojiirra jiran, gara fuula duraatti fooyya'anii bahanii fi waliigaltee liqeessaa fi liqeeffataa gidduutti rawwatuun hojiirra kan oolu ta'a.

## 11. የብድር አከፋፈል ሁኔታ

1) የግብርና ግብዓቶች ብድር በመሠረታዊ የቁጠባና ብድር በህብረት ሥራ ማሕበራት በኩል የሚሰጥ ከሆነ የማህበሩ አባል የሆነው አርሶ አደር ወይም አርብቶ አደር የብደር አግልግሎት ክፍያ በነጻ ከማህበሩ የሚያገኝ ይሆናል፡
2) የቁጠባና ብድር መሠረታዊ የህብረት ስራ ማህበራት አባል ያልሆነ አርሶ አደር ወይም አርብቶ አደር በማህበሩ ውስጥ ባለቤትነት ስለሌለው የግብርና ግብዓቶች ብድር አገልግሎት ለማግኘት ለተላያዩ ወጪዎች ማለትም ለጽህፈት መሣሪያዎች፣በግብርና ግብዓቶች ብድር ላይ ክትትልና ድጋፍ ለሚሰጡ እና ለብድር አሰባሰብ ለሚወጡ ወጪዎች በተሰጠው የብድር መጠን ላይ አንድ ፐርሰንት (1%) ጨምረው በመክፈል የሚያገኙ ይሆናል፡፡

## 12. የብድር ወለድ አከፋፈል ሁኔታ

1) በኩፖን ሥርዓት የሚቀርብ የግብርና ግብዓቶች ብድር ወለድ በህበረት ሥራ ማህበራት ማስፋፊያ ኤጀንሲ ወጥቶ ሥራ ላይ ባለው መመሪያ መሠረት ወይም ወደፊት በሚወጣ መመሪያ መሠረት የሚፈጸም ይሆናል፡፡
2) ለግብርና ሜካናይዜሽን፣ የግብርና ምርት ዕሴት ለሚጨምሩ ቴክኖሎጂዎች እና ለእስሳት ልማት ለተወሰደ ብድር ወለድ ክፍያ በተመለከተ ከዚህ በፊት በባንክ፣ በፋይናንስ ተቋማት እና በቁጠባና ብድር ዩኒየኖች ወጥተው ሥራ ላይ ባሉ፣ ለወደፊት ተሻሽለው በሚወጡ ደንብ ወይም መመሪያዎች መሠረት እና በአበዳሪ እና ተበዳሪው መካከል በሚፈጸም ውል መሠረት የሚተገበር ይሆናል፡፡

## 11. Manner of Disbursing Loan Service

1) If the agricultural input loan is to be provided through the primary savings and credit cooperatives, the farmer or pastoralist who is the member of such association shall get the loan service disbursement free of charge from his association.
2) The farmer or pastoralist who is not a member of the Primary Savings and Credit Cooperatives, since he does not have ownership in the association, shall be subjected to additional payment of one percent (1%) for various expenses like stationery materials, monitoring and support given on agricultural input loans and for expenditures made for collection of loans so as to get the agricultural input loan service.

## 12. Manner of Disbursing Interest of Loans

1) The interest on loans lent for agricultural input loan provided by the coupon system shall be implemented in accordance with the existing Cooperatives Promotion Agency directive issued or to be amended in the future.
2) Disbursement of interest on loans lent for agricultural mechanization, agricultural value-adding technologies and livestock development activities shall be implemented in accordance with the existing regulations or directives issued or to be amended by banks, financial institutions and savings and credits cooperative unions and contracts concluded between lenders and borrowers.

**13. Liqii Galteewwan Qonnaaf Wabummaan Dhiyaatu**

Qonnaan bulaan yookiin horsiisee bulaan liqii galteewwan qonnaa liqeeffachuuf wabiin dhiyeeffatan:

1) Galteewwan qonnaa kan akka xaa'oo, sanyii filatamaa, nooraa fi keemikaalaaf, garee kilaastara qonnaatiin ijaaramanii jiraniif yookiin gara fuulduraatti ijaaraman dabalatee garee kilaastara keessa jiraniin walii walii isaaniitiif wabii walii ta'uudhaan liqeeffatu;
2) Qonnaan bulaan yookiin horsiisee bulaan hojii misooma beeyiladaa, meeshaalee teeknolojiiwwan hojii qonnaaf sona dabalan irratti bobba'an liqii galteewwan qonnaa argachuuf gareen ijaaramanii jiranii fi gara fuula duraatti ijaaraman walii walii isaaniitiif wabii walii ta'uudhaan yookiin dhuunfaadhaan waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa qabiyyee lafaa (dabtara) qabsiisuun yookiin wabii dhiyeessuun liqeeffatu;
3) Galteewwan qonnaa kanneen akka makaanayizeeshinii qonnaa tiraaktaraa fi kombaayinaraaf liibiree yookiin waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa qabiyyee lafaa (dabtara) isaanii qabsiisuun liqeeffatu;
4) Qonnaan bulaan yookiin horsiisee bulaan ragaa abbaa qabeenyummaa qabiyyee lafaa (dabtara) hin qabne lafa kan qabu yoo ta'e liqii galteewwan qonnaa argachuuf xalayaa deeggarsaa Ganda jiraatu yookiin Aanaa jiraatu irraa dhiyeeffachuu ni danda'a;

**13. ለግብርና ግብዓቶች ብድር ስለሚቀርብ ዋስትና**

አርሶ አደሩ ወይም አርብቶ አደሩ የግብርና ግብዓቶችን ለመበደር የሚያቀርበው ዋስትና፡-

1) እንደ ማዳበሪያ፣ ምርጥ ዘር፣ ኖራ እና ኬሚካል ያሉትን የግብርና ግብዓቶች ለመበደር በግብርና ክላስተር ተደራጅተው የሚገኙ ወይም ወደፊት በክላስተር የሚደራጁትን ጨምሮ በክላስተር ውስጥ ያሉ ቡድኖች እርስ በእርሳቸው ዋስ በመሆን ይበደራሉ፤
2) ለእንስሳት ልማት ሥራ እና የግብርና ምርት ዕሴት ለሚጨምሩ ቴክኖሎጂዎች ሥራ ላይ የተሰማሩና የግብርና ግብዓቶች ለማግኘት በቡድን የተደራጁ ወይም ወደፊት የሚደራጁ አርሶ አደሮች ወይም አርብቶ አደሮች እርስ በእርሳቸው ዋስ በመሆን ወይም በግል የመሬት ይዞታ ባለቤትነት የምስክር ወረቀት (ደብተር) በማስያዝ ወይም ዋስ በማቅረብ ይበደራሉ፤
3) እንደ ትራክተር፣ ኮምባይነርና የግብርና ሜካናይዜሽን ያሉ የግብርና ግብዓቶችን ሊብሬ ወይም የመሬት ይዞታ ባለቤትነት የምስክር ወረቀታቸውን (ደብተራቸውን) በማስያዝ ይበደራሉ።
4) የመሬት ይዞታ ባለቤትነት የምስክር ወረቀት (ደብተር) ማስረጃ የሌለው አርሶ አደር ወይም አርብቶ አደር መሬት ካለው የግብርና ግብዓቶች ብድር ለማግኘት ከሚኖርበት ቀበሌ ወይም ወረዳ የድጋፍ ደብዳቤ በማቅረብ የሚስተናገድ ይሆናል፤

**13. Guarantee Presented for Agricultural Input Loans**

The guarantee presented by the farmer or pastoralist to get agricultural input loans:

1) For loans of agricultural inputs like fertilizers, improved seeds, lime and agricultural chemicals, for those who are organized in agricultural clusters or to be clustered in the future, those in the cluster groups shall borrow by being a guarantors for each other;
2) The farmers or pastoralists engaged in livestock development activity, agricultural value adding technologies organized or to be organized to obtain agricultural input loans shall obtain such loan by being a guarantor to each other or by attaching land ownership certificate (book) as a collateral privately or by presenting surety;
3) For agricultural inputs like agricultural mechanization such as tractors and combine harvesters, they shall borrow by attaching title deeds or land ownership certificate (book) as collateral;
4) If the farmer or pastoralist who does not have certificate (book) of land ownership has a land he shall present letter of support from the Kebele or District in which he is residing to obtain agricultural input loans;

5) Wabummaan liqii galteewwan qonnaa Keewwata kana Keewwata xiqqaa 1 hanga 4 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, akkaataa Qajeelfama Dambii kana raawwachiisuuf baheetiin liqiin kun kan kennamu karaa Baankii, Yuuniyeenii Waldaa Hojii Gamtaa Qusannaa fi Liqii fi Dhaabbilee Faayinaansii kan biroo liqeessuu danda'aniitiin kan raawwatu yammuu ta'u, garuu Dambii fi Qajeelfama dhaabbilee faayinaansii kanaan dura hojiirra jiru osoo hin faallessiin waliigalteedhaan liqeeffattootaaf kan dhiyaatu ta'a.

## 14. Dirqama Liqeeffataa

1) Liqeeffataan dirqamoota armaan gadii ni qabaata:

(a) Qonnaan bulaan yookiin horsiisee bulaan liqii galteewwan qonnaa fudhate akkaataa waliigalteetiin yeroo jedhame keessatti deebisuu;

(b) Deeggersa ogummaa fi gorsa seeraa qaamolee dhimmi ilaaluun kennamuuf fudhatee hojiirra oolchuu;

(c) Ulaagaalee liqii galteewwan qonnaa argachuuf Qajeelfama Dambii kana raawwachiisuuf bahu keessatti ibsaman guutuu qaba;

2) Liqeeffataan liqii galteewwan qonnaa liqii fudhate akkaataa waliigaltee seeneen yeroo jedhame keessatti deebisuu yoo baate:

(a) Hojii raawwachiistuu (Kaabinoonni) Aanichaa bu'uura seera hariiroo hawaasaa rogummaa qabuun Mana Murtii Naannichaa aangoo qabuutti himachuun qabeenya isaa irratti murteessisuun maallaqa liqeeffatee dhala, baasii fi kisaaraa waliin kan deebisisuu ta'a;

5) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 እስከ 4 ሥር የተደነገገው የግብርና ግብዓቶች ብድር ዋስትና እንደተጠበቀ ሆኖ፣ ይህን ደንብ ለማስፈጸም በወጣው መመሪያ መሠረት ብድሩ በባንክ፣በቁጠባና ብድር ህብረት ሥራ ማህበር ዩኒየኖች እና በሌሎች ማበደር በሚችሉ የፋይናንስ ተቋማት የሚፈጸም ሲሆን ግን ከዚህ ቀደም በሥራ ላይ ያለውን የፋይናንስ ተቋማት ደንብና መመሪያ ጋር በማይጣረስ ሁኔታ በስምምነት ለተበዳሪዎች የሚቀርብ ይሆናል።

## 14. የተበዳሪው ግዴታ

1) ተበዳሪው የሚከተሉት ግዴታዎች ይኖረዋል፡-

(ሀ) የግብርና ግብዓቶች ብድር የወሰደ አርሶ አደር ወይም አርብቶ አደር በውሉ መሠረት በተባለው ጊዜ ውስጥ መመለስ፤

(ለ) ጉዳዩ በሚመለከታቸው አካላት የሚሠጠውን የሙያ ድጋፍና የህግ ምክር በመውሰድ ሥራ ላይ ማዋል፤

(ሐ) የግብርና ግብዓቶች ብድር ለማግኘት ይህን ደንብ ለማስፈፀም በሚወጣው የአፈፃፀም መመሪያ መሠረት የተገለፁትን መስፈርቶች ማሟላት አለበት።

2) የግብርና ግብዓቶች ብድር ተበዳሪ በውሉ ላይ በተባለው ጊዜ ውስጥ ካልመለሰ፡-

(ሀ) የወረዳው ሥራ አስፈፃሚ (ካቢኔዎች) አግባብነት ባለው የፍትሃብሔር ሕግ መሠረት ሥልጣን ባለው የክልሉ ፍርድ ቤት ላይ ከስሰው በንብረቱ ላይ በማስወሰን የተበደረውን ገንዘብ ከነወለዱ፣ ወጪና ኪሣራ ጋር የሚያስመልሱ ይሆናል፤

5) Without prejudice to the guarantee of agricultural input loans provided under sub-articles 1 to 4 of this Article, in cases where this loan is to be provided through banks, savings and credits cooperative unions and other loan providing financial institutions in accordance with the directives issued for the implementation of this regulation, the loan shall be provided to the borrowers through agreements without contradicting the pre-existing regulations and directives of financial institutions.

## 14. Obligation of the Borrower

1) The borrower shall have the following obligations:

(a) The farmer or pastoralist who has got agricultural inputs loan shall repay such loan within the period specified as per the terms of the contract;

(b) To take and implement the professional support and legal advice provided to him by the concerned bodies;

(c) To fulfill the criteria required for obtaining loan of agricultural inputs specified in the directive to be issued for implementation of this regulation.

2) If the borrower of agricultural inputs loan fails to repay such loan within the period specified as per the terms of the contract:

(a) The executive organs (Cabinet) of the District shall file a lawsuit before the court in the region having jurisdiction in accordance with the relevant civil law and cause decision to be rendered on his properties for returning the loan he has taken including its interest, costs and losses;

(b) Qaamoolee Hojii raawwachistuu (Kaabinoonni) Aanichaa, liqii liqeeffataaf liqeesse bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 2 (a) tiin Mana Murtiitti himatee liqii jedhame deebisiisuu yoo baate murtii Mootummaa Naannichaatiin Aanichi liqicha kan kaffalu ta'a; raawwiin isaa Qajeelfama Dambii kana rawwachiisuuf bahu keessatti ibsama.

(c) Liqeeffataan liqii galteewwan qonnaa gama mootummaas ta'e deeggartoota qonnaa irraa liqeeffate hin deebisne bara itti aanutti liqii galteewwan qonnaa liqeeffachuu hin danda'u.

## 15. Dirqama Liqeessaa

Liqeessaan dirqamoota armaan gadii ni qabaata:

1) Liqii galteewwan qonnaa liqeessuuf waliigale yeroon, qulqullinaa fi iddoo jedhameetti dhiyeessuu;
2) Liiqiin galteewwan qonnaa hojii liqeeffatameefii irra akka ooluu fi bu'aa qabeessa ta'ee yeroo jedhame keessatti akka deebi'uuf hordoffii fi deeggarsa walirraa hin cinne taasisuu qaba;
3) Liqeessaan liqii galteewwan qonnaa maallaqaanis ta'e akaakuun dhiyeessuuf waadaa galee yeroon, qulqullinaa fi bakka jedhametti yoo dhiyeessuu baate seera hariiroo hawaasaa biyyattii rogummaa qabuun kan ittigaafatamu ta'a.

## 16. Yeroo Turtii Liqii

Liqiin galteewwan qonnaa kenname yeroo hojichi fudhatu yookiin amala hojii irratti hunda'uun kan deebi'u ta'ee:

1) Liqiin galteewwan qonnaa kanneen akka xaa'oo, nooraa, sanyii filatamaa fi keemikaala farra ilbisootaa Onkoloolessaa hanga Waxabajjiitti kan dhiyaatuu fi raabsamu ta'ee, liqaan kan deebi'u guyyaa liqiin kenname irraa eeglee waggaa tokko keessatti kaffalamee kan xumuramu ta'a.

(ለ) የወረዳው ሥራ አስፈፃሚ (ካቢኔዎች) ለተበዳሪው ያበደረውን ብድር በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 2 (ሀ) መሠረት በፍርድ ቤት ክስ መስርቶ የተባለውን ብድር ካላስመለሰ በክልሉ መንግሥት ውሳኔ ወረዳው ብድሩን የሚከፍል ይሆናል፡ ፡ አፈፃፀሙ ይህን ደንብ ለማስፈፀም በሚወጣው መመሪያ የሚገለጽ ይሆናል፤

(ሐ) የግብርና ግብዓቶች ብድር ከመንግስትም ሆነ ከግብርና ልማት ድጋፍ ሰጪዎች ተበድሮ ያልከፈለ ተበዳሪ በሚቀጥለው ዓመት የግብርና ግብዓቶች ብድር መበደር አይችልም፡፡

## 15. የአበዳሪ ግዴታ

አበዳሪው የሚከተሉት ግዴታዎች ይኖረዋል፡-

1) የግብርና ግብዓቶች ብድር ለመስጠት ውል የተዋዋለ በተባለው ጊዜ፣ ጥራትና ቦታ ማቅረብ፤
2) ለግብርና ግብዓቶች ሥራ የተሰጠ ብድር ብድሩ ለተወሰደበት ዓላማ እንዲውል እና ውጤታማ ሆኖ በተባለው ጊዜ ይመለስ ዘንድ ያልተቋረጠ ድጋፍና ክትትል ማድረግ አለበት፤
3) የግብርና ግብዓቶች ብድር በገንዘብም ሆነ በዓይነት ለማቅረብ ቃል የገባ አበዳሪ በተባለው ጊዜ፣ ጥራትና ቦታ የማያቀርብ ከሆነ አግባብነት ባለው የሐገሪቷ የፍትሃብሄር ህግ መሠረት የሚጠየቅ ይሆናል፡፡

## 16. የብድር ቆይታ ጊዜ

የተሰጠ የግብርና ግብዓቶች ብድር ሥራው በሚወስደው ጊዜ ወይም በሥራው ባህሪ ላይ በመመስረት የሚመለስ ሆኖ፡-

1) እንደ ማዳበሪያ፣ ኖራ፣ ምርጥ ዘር እና የፀረ-ተባይ ኬሚካሎች ያሉ የግብርና ግብዓቶች ብድር ከጥቅምት እስከ ሰኔ የሚቀርብና የሚሰራጭ ሆኖ ብድሩ የሚመለሰው ብድሩ ከተሰጠበት ቀን ጀምሮ በአንድ ዓመት ጊዜ ውስጥ ተከፍሎ የሚጠናቀቅ ይሆናል፡፡

(b) If the District executive organ (Cabinet) fails to make the debtor repay the loan by suing him before the court in accordance with sub-article 2 (a) of this Article, the District shall repay such loan by the decision of the Regional Government.

(c) The debtor who fails to repay the agricultural input loans he has taken from the government and other agricultural development supporters shall not borrow any agricultural input loan for the next year.

## 15. Obligation of the Creditor

The lender shall have the following obligations:

1) To deliver the agricultural input loan he has agreed to lend as per the agreed time, quality and place;
2) Conduct uninterrupted follow-up and support to ensure that the agricultural input loan be used for the purpose it is borrowed and to be repaid within the agreed period being productive;
3) If the creditor who has entered a promise to deliver the agricultural inputs loan in cash or in kind fails to deliver same as per the agreed time, quality and place, he shall be held liable in accordance with the relevant civil law of the country.

## 16. Duration of Loan

The provided agricultural inputs loan shall be repaid depending on the period that the activity takes and on the specific characteristics of the activity; and

1) Loans of agricultural inputs like fertilizers, lime, improved/selected seeds and pesticide chemicals shall be made available and distributed from October to June; and the repayment of the debt shall be finalized within one year from the date it was disbursed.

2) Liqiin galteewwan qonnaa kanneen akka horsiisa beeyiladaa, meeshaalee makaanaayizeeshinii qonnaa, meeshaalee jallisii fi teeknolojiwwan hojii qonnaaf sona dabalanii yeroo giddugaleessaa fi dheeraatti kan kennamu ta'ee, akkaataa Qajeelfama Dambii kana rawwachiisuuf bahuu fi waliigaltee qaama liqeessuu fi liqeeffatu gidduutti taasifamuun kan raawwatamu ta'a.

### 17. Bakkaa fi akkaataa kaffaltii Liqii

1) Liqeeffataan lakkoofsa Herreega Baankii Waliigaltee kennaan ibsuutti galii gochuun kaffaluu ni danda'a.
2) Kaffaltiin Baankiidhaan kan darbu yoo ta'e kaffaltiin tajaajila baankii waliigaltee kennaadhan haguugama.
3) Kaffaltiin baankiidhaan kan kaffalamu yoo ta'e kan darbu lakkoofsa baankii herreegaa waliigalteedhaan akka kanaa gadiitti dhiyaateen ta'aa.
   Baankii__________
   Damee__________
   Lakk.herreega baankii______tiin dha.

## Kutaa Sadii
## Hundeeffama, Ittiwaamama, Gurma'insa, Aangoo fi Hojii Boordichaa

### 18. Hundeeeffamaa fi Ittiwaamama Boordiichaa

1) Boordiin Bulchiinsa Liqii Galteewwan Qonnaa Oromiyaa kanaan booda "Boordii" jedhame waamamu Naannoo irraa hanga Gandaatti Daambii kanaan hundeeffameera.
2) Ittiwaamamni Boordii sadarkaa Naannoo Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaatiif ta'ee, kan sadarkaa Godinaa Bulchaa Godinaatiif, kan sadarkaa Aanaa fi Gandaa Bulchaa Aanaatiif ta'a.

2) እንደ እንስሳት እርባታ፣የግብርና ሜኬናይዜሽን መሣሪያዎች፣ የመስኖ መሣሪያዎች እና የግብርና ሥራ ላይ ዕሴት የሚጨምሩ የግብርና ግብዓቶች ብድር በመካከለኛና በረጅም ጊዜ የሚሰጥ ሆኖ ይህን ደንብ ለማስፈፀም በሚወጣ መመሪያ እና በአበዳሪና ተበዳሪ አካላት መካከል በሚደረግ ውል መሠረት የሚፈጸም ይሆናል፡፡

### 17. የብድር ክፍያ ቦታ እና አከፋፈል ሁኔታ

1) ተበዳሪ የብድር ገንዘብ ገቢ እንዲያደርግበት በውል ሠጪው በሚገልፀው የባንክ ሂሳብ ቁጥር ሊከፍል ይችላል፡፡
2) ክፍያው በባንክ የሚፈጸም ከሆነ የባንክ አገልግሎት ክፍያው በውል ሰጪው የሚሸፈን ይሆናል፡፡
3) ክፍያው በባንክ የሚከፈል ከሆነ የሚተላለፈው ከዚህ በታች በስምምነት በቀረበው የባንክ ሂሳብ ቁጥር መሠረት ይሆናል፡-
   ባንክ ..............
   ቅርንጫፍ .........
   የባንክ ሂሣብ ቁጥር ....ነው፡፡

## ክፍል ሦስት
## የቦርዱ ምሥረታ፣ ተጠሪነት፣ አደረጃጀት እንዲሁም ሥልጣንና ተግባር

### 18. የቦርዱ ምሥረታ እና ተጠሪነት

1) የኦሮሚያ ግብርና ግብዓቶች ብድር አስተዳደር ቦርድ፤ ከዚህ በኋላ "ቦርድ" ተብሎ የሚጠራ ከክልል እስከ ቀበሌ ድረስ በዚህ ደንብ መሠረት ተመስርቷል፡፡
2) የክልል ደረጃ ቦርድ ተጠሪነት ለኦሮሚያ ብሄራዊ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዝዳንት ሲሆን የዞን ደረጃ ቦርድ ለዞኑ አስተዳዳሪ፣ የወረዳና ቀበሌ ደረጃ ቦርድ ለወረዳ አስተዳዳሪ ይሆናል፡፡

2) Loans of agricultural inputs such as animal husbandry, agricultural mechanization equipment, irrigation equipment and agricultural value adding technologies shall be provided in medium and long term loans; and shall be implemented in accordance with the directives to be issued for implementation of this regulation and the agreements concluded between the lending and the borrowing bodies.

### 17. Place and Manner of Loans Repayment

1) The debtor may repay the debt by depositing it to the bank account number specified by the contract provider.
2) If the payment is transferred via the bank, the service charge of the bank shall be covered by the contract provider.
3) If the payment is made via the bank, it shall be transferred via the bank account number agreed up on as follows:
   Name of the Bank________
   Branch______________
   Bank account number_________.

## Part Three
## Establishment, Accountability, Organization; Power and Duties of the Board

### 18. Establishment and Accountability of the Board

1) Oromia Agricultural Input Credit Management Board, hereinafter referred to as the "Board" is hereby established from the Regional level to the Kebele by this regulation.
2) The Regional level Board shall be accountable to President of Oromia Regional State; and the Zonal level Board to the Zone Administrator, the District and kebele Board shall be accountable to the District Administrator.

## 19. Gurmaa'insa Boordichaa

1) Boordiin dura ta'aa dabalatee miseensota 7 - 11 of keessatti kan qabaatu ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti baay'inni miseensotaa akka dabalu yookiin hir'atu taasisuun ni danda'ama.
2) Boordichii Gurmaa'insa armaan gadii ni qabaata:
(a) Boordii sadarkaa Naannoo;
(b) Boordii sadarkaa Godinaa;
(c) Boordii sadarkaa Aanaa; fi
(d) Bordii sadarkaa Gandaa.
3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 (a hanga d) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, Ogeessonni Hojii Dhiyeessii fi Bulchiinsa Liqii Galteewwan Qonnaa Dambii fi Qajeelfama kana keessatti tarreeffaman Boordiicha deeggaranii raawwatan Koreen teeknikaa Naannoo irraa hanga Gandaatti Boordicha jalatti gurmaa'ee jira.

## 20. Miseensota Boordii Sadarkaa Naannoo

1) Miseensonni Boordii Sadarkaa Naannoo Kanneen Armaan Gadii ta'u:
(a) Hoogganaa Biiroo Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee Oromiyaa …....................…. Walitti qabaa
(b) Hoogganaa Biiroo Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Oromiyaa …................... I/A/Walitti qabaa
(c) Hoogganaa Ejensii Babal'ina Waldaalee Hojii Gamtaa Oromiyaa ……..............…… Barreessaa
(d) Hoogganaa Biiroo Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafaa Oromiyaa ……...................…….. Miseensa
(e) Hoogganaa Biiroo Bulchiinsaa fi Nageenya Oromiyaa …………………… Miseensa
(f) Hogganaa Ejensii Misooma Qabeenya Beeyiladaa Oromiyaa ………….......……. Miseensa

## 19. የቦርዱ አደረጃጀት

1) ቦርዱ ሊቀመንበሩን ጨምሮ ከ7-11 የሚሆኑ አባላት የሚኖሩት ሆኖ እንደ አሰፈላጊነቱ የአባላቱ ብዛት እንዲጨምር ወይም እንዲቀንስ ማድረግ ይችላል፡፡
2) ቦርዱ የሚከተለው አደረጃጀት ይኖረዋል፡-
(ሀ) የክልል ደረጃ ቦርድ፤
(ለ) የዞን ደረጃ ቦርድ፤
(ሐ) የወረዳ ደረጃ ቦርድ፤እና
(መ) የቀበሌ ደረጃ ቦርድ፡፡
3) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 2 (ሀ እስከ መ) ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ቦርዱን በመደገፍ በዚህ ደንብ እና መመሪያ ውስጥ የተዘረዘሩትን የግብርና ግብዓቶች ብድር አቅርቦትና አስተዳደር ሥራዎችን የሚፈጽሙ ባለሙያዎችን ያካተተ የቴክኒክ ኮሚቴ ከክልል እስከ ቀበሌ በቦርዱ ሥር ተደራጅቷል፡፡

## 20. የክልል ደረጃ ቦርድ አባላት

1) የክልል ደረጃ የቦርድ አባላት የሚከተሉት ይሆናሉ፡-
(ሀ) የኦሮሚያ ገንዘብና ኢኮኖሚ ትብብር ቢሮ ኃላፊ--------------------------------ሰብሳቢ፤
(ለ) የኦሮሚያ ግብርና እና ተፈጥሮ ሃብት ቢሮ ኃላፊ-------------------ምክትል ሰብሳቢ፤
(ሐ) የኦሮሚያ ሕብረት ሥራ ማህበራት ማስፋፊያ ኤጀንሲ ኃላፊ-----------ፀሐፊ፤
(መ) የኦሮሚያ መሬት አስተዳዳርና አጠቃቀም ቢሮ ኃላፊ -------------------------አባል፤
(ሠ) የኦሮሚያ አስተዳዳርና ፀጥታ ቢሮ ኃላፊ---------------------------------------አባል፤
(ረ) የኦሮሚያ እንስሳት ሃብት ልማት ኤጀንሲ ኃላፊ-------------------------------አባል፤

## 19. Organizational Set Up of the Board

1) The Board shall have 7-11 members including the chairperson; and the number of members may be increased or decreased as may be necessary.
2) The Board shall have the following organizational set up:
(a) The Regional level Board;
(b) Zonal level Board;
(c) District level Board; and
(d) Kebele level Board.
3) Without prejudice to the provisions under sub-Article 2 (a to d) of this Article, experts or professionals performing Agricultural Inputs Delivery and Management activities specified under this Regulation and Directive supporting the activities of the Board has been organized under the Board as technical committee from the regional level up to the kebele.

## 20. Members of the Regional Level Board

1) The members of the Regional Board shall be the following:
(a) Head of Oromia Finance and Economic Cooperation Bureau…….Chairperson;
(b) Head of Oromia Agriculture and Natural Resources Bureau …...............Deputy Chairman;
(c) Head of Oromia Cooperatives Promotion Agency……………………Secretary;
(d) Head of Oromia Land Management and Use Bureau ………. ----------------------Member;
(e) Head of Oromia Administration and Security Bureau-------- Member;
(f) Head of Oromia Livestock Res/Development Agency……………………Member;

(g) Hoogganaa Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa ………..... .......................... Miseensa
(h) Hoogganaa Abbaa Taayitaa To'annoo Galteewwan Qonnaa Oromiyaa …… Miseensa
2) Walitti qabaan yookiin miseensonni Boordii bakka ofii argamuu hin dandeenyetti nama biraa bakka buusuu ni danda'u.

**21. Miseensota Boordii Sadarkaa Godinaa**

1) Miseensonni Boordii Sadarkaa Godinaa kanneen armaan gadii ta'u:
(a) It/G/Waajjira Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee Godinaa ……..…. Walitti qabaa
(b) It/G/ Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Godinaa …….... I/A/Walitti qabaa
(c) It/G/Waajjira Babal'iina Waldalee Hojii Gamtaa Godinaa ………..……. Barreessaa
(d) It/G/ Waajjira Misooma Qabeenya Beeyiladaa Godinaa …………........….. Miseensa
(e) It/G/ Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa ….……. Miseensa
(f) It/Ga/ Waajjira Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Godina ………….........……. Miseensa
(g) It/G/Waajjira Bulchiinsaa fi Nageenya Godinaa …………… Miseensa
h) It/G/Abbaa Taayita To'annoo Galteewwan Qonnaa Damee Godinaa …................ Miseensa
2) Walitti qabaan yookiin miseensonni Boordii bakka ofii argamuu hin dandeenyetti nama biraa bakka buusuu ni danda'u.

**22. Miseensota Boordii Sadarkaa Aanaa**

1) Miseensonni Boordii Sadarkaa Aanaa kanneen armaan gadii ta'u:
(a) It/G/ Waajjira Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee Aanaa ……….............…. Walitti qabaa

(ሰ) የኦሮሚያ ጠቅላይ ዐቃቤ ሕግ ቢሮ ኃላፊ --------------------------------------አባል፤
(ሸ) የኦሮሚያ ግብርና ግብዓቶች ቁጥጥር ባለሥልጣን ኃላፊ------------------አባል፡፡
2) የቦርድ ሰብሳቢ ወይም አባላት እራሣቸው መገኘት በማይችሉበት ጊዜ ሌላ ሰው ሊወክሉ ይችላሉ፡፡

**21. የዞን ደረጃ ቦርድ አባላት**

1) የዞን ደረጃ ቦርድ አባላት የሚከተሉት ይሆናሉ፡-
(ሀ) የዞን የገንዘብና ኢኮኖሚ ትብብር ጽህፈት ቤት ኃላፊ----------------------ሰብሳቢ፤
(ለ) የዞን ግብርና እና ተፈጥሮ ሀብት ጽህፈት ቤት ኃላፊ----------------ምክትል ሰብሳቢ፤
(ሐ) የዞን የሕብረት ሥራ ማህበራት ማስፋፊያ ጽህፈት ቤት ኃላፊ-----------------ፀሐፊ፤
(መ) የዞን እንስሳት ሀብት ልማት ጽህፈት ቤት ኃላፊ---------------------------------አባል፤
(ሠ) የዞን ዐቃቤ ሕግ ጽህፈት ቤት ኃላፊ----- --------------------------------------አባል፤
(ረ) የዞን መሬት አስተዳደርና አጠቃቀም ጽህፈት ቤት ኃላፊ-------------------አባል፤
(ሰ) የዞን አስተዳደርና ፀጥታ ጽህፈት ቤት ኃላፊ---------------------------------አባል፤
(ሸ) የዞን የግብርና ግብዓቶች ቁጥጥር ባለሥልጣን ኃላፊ--------------------አባል፡፡
2) የቦርድ ሰብሳቢ ወይም አባላት እራሣቸው መገኘት በማይችሉበት ጊዜ ሌላ ሰው ሊወክሉ ይችላሉ፡፡

**22. የወረዳ ደረጃ ቦርድ አባላት**

1) የወረዳ ቦርድ አባላት የሚከተሉት ይሆናሉ፡-
(ሀ) የወረዳ ገንዘብና ኢኮኖሚ ትብብር ጽህፈት ቤት ኃላፊ------------------------ሰብሳቢ፤

(g) Head of Oromia Attorney General Bureau………..Member;
(h) Head of Oromia Agricultural Input Regulatory Authority---- ------------------------Member;
2) The chairperson or members of the Board may represent another person where they are unable to take part by themselves.

**21. Members of the Zonal Board**

1) Members of the Zonal Board shall be the following:
(a) Head of the Zonal Finance and Economic Cooperation Office- -------------------Chairperson;
(b) Head the Zonal Agriculture and Natural Resources Office ...........…Deputy Chairperson;
(c) Head of the Zonal Cooperatives Promotion Office………. Secretary;
(d) Head of the Zonal Livestock Resources Development Office……………Member;
(e) Head of the Zonal Prosecution Office ----------------Member;
(f) Head of the Zonal Land Management and Use Office……. ………Member;
(g) Head of the Zonal Administration and Security Office……… Member;
(h) Head of the Zonal Branch Agricultural Inputs Regulatory Authority-----------------Member.
2) The chairperson or members of the Board may represent another person where they are unable to take part by themselves.

**22. Members of the District Board**

1) Members of the District level Board shall be the following:
(a) Head of the District Finance and Economic Cooperation Office ……Chairperson;

(b) It/G/ Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Aanaa …..................... I/A/Walitti qabaa
(c) It/G/ Waajjira Babal'iina Waldalee Hojii Gamtaa Aanaa …………............…. Barreessaa
(d) It/G/ Waajjira Misooma Qabeenya Beeyiladaa Aanaa …..... ................................... Miseensa
(e) It/G/ Mana Hojii Abbaa Alangaa Aanaa ……..Miseensa
(f) It/G/ Waajjira Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafaa Aanaa ..………………. Miseensa
(g) It/G/Waajjira Bulchiinsaa fi Nageenyaa Aanaa …………… …………................... Miseensa

2) Walitti qabaan yookiin miseensonni Boordii bakka ofii argamuu hin dandeenyetti nama biraa bakka buusuu ni danda'u.

## 23. Miseensota Boordii Sadarkaa Gandaa

1) Miseensonni Boordii Sadarkaa Gandaa kanneen armaan gadii ta'u:

(a) Bulchaa Gandaa……...Walitti qabaa
(b) Qindeessaa Misooma Qonnaa …...............… I/A/Walitti qabaa
(c) Hojjataa Misoomaa Waldaa Hojii Gamtaa …....…. Barreessaa
(d) Manaajara Gandaa………. Miseensa
(e) Dura Ta'aa Waldaa Hojii Gamtaa Bu'uraa Qusannoo fi Liqii …………...............… Miseensa
(f) Dura Ta'aa Waldaa Hojii Gamtaa bu'uraa Qonna Maraa ………………… Miseensa
(g) It/G/ Bulchinsaa fi Nageenya Gandaa ……………... Miseensa
(h) Walitti qabaa Mana Murtii Hawwasummaa Gandaa …..… Miseensa

2) Walitti qabaan yookiin miseensonni Boordii bakka ofii argamuu hin dandeenyetti nama biraa bakka buusuu ni danda'u.

(ለ) የወረዳ ግብርና እና የተፈጥሮ ሀብት ጽህፈት ቤት ኃላፊ---------------ምክትል ሰብሳቢ፣
(ሐ) የወረዳ ህብረት ስራ ማህበራት ማስፋፊያ ኤጀንሲ ጽህፈት ቤት ሀላፊ---------ፀሐፊ፣
(መ) የወረዳ እንስሳት ሐብት ልማት ጽህፈት ቤት ኃላፊ---------------------------አባል፣
(ሠ) የወረዳ ዐቃቤ ሕግ ጽህፈት ቤት ኃላፊ---- -----------------------------------------አባል፣
(ረ) የወረዳ የመሬት አስተዳዳርና አጠቃቀም ጽህፈት ቤት ኃላፊ------------------አባል፣
(ሰ) የወረዳ አስተዳዳርና ፀጥታ ጽህፈት ቤት ኃላፊ---------------------------------አባል፡፡

2) የቦርድ ሰብሳቢ ወይም አባላት እራሣቸው መገኘት በማይችሉበት ጊዜ ሌላ ሰው ሊወክሉ ይችላሉ፡፡

## 23. የቀበሌ ደረጃ ቦርድ አባላት

1) የቀበሌ ደረጃ ቦርድ አባላት የሚከተሉት ይሆናሉ፡-

(ሀ) የቀበሌ አስተዳዳር------------------ሰብሳቢ፣
(ለ) ግብርና ልማት አስተባባሪ---------------- ምክትል ሰብሳቢ፣
(ሐ) የቀበሌ ሕብረት ሥራ ማህበር ልማት ሠራተኛ-------------------------------ፀሐፊ፣
(መ) የቀበሌ ማኔጀር--------------------አባል፣
(ሠ) የብድርና ቁጠባ መሠረታዊ ሕብረት ሥራ ማህበር ሊቀመንበር----------------አባል፣
(ረ) የጠቅላላ ግብርና መሠረታዊ ሕብረት ሥራ ማህበር ሊቀመንበር------------አባል፣
(ሰ) የቀበሌ አስተዳደርና ፀጥታ ኃላፊ---------- ---------------------------------------አባል፣
(ሸ) የቀበሌ ማህበራዊ ፍርድ ቤት ሰብሳቢ.--- አባል፡፡

2) የቦርድ ሰብሳቢ ወይም አባላት እራሣቸው መገኘት በማይችሉበት ጊዜ ሌላ ሰው ሊወክሉ ይችላሉ፡፡

(b) Head of District Agriculture and Natural Resources Office--Deputy Chairperson;
(c) Head of the District Cooperatives Promotion Agency……………Secretary;
(d) Head of the District Livestock Resources Development Office…………Member;
(e) Head of the District Prosecution Office-------Member;
(f) Head of the District Land Management and Use Office …………….Member;
(g) Head of the District Administration and Security Office……………Member.

2) The chairperson or members of the Board may represent another person where they are unable to take part by themselves.

## 23. Members of the Kebele Level Board

1) Members of the Kebele level Board shall be the following:

(a) The Kebele Administrator ……………Chairperson;
(b) Coordinator of Agricultural Development ……Deputy Chairperson;
(c) Cooperatives Development Worker…......Secretary;
(d) The Kebele Manager ………… Member;
(e) Chairperson of Basic Savings and Credit Cooperatives …………Member;
(f) Chairperson of the General Agricultural Cooperatives……………Member;
(g) Head of Administration and Security of the Kebele ……………Member;
(h) Chief/Presiding of the Kebele Social Cour……… Member.

2) The chairperson or members of the Board may represent another person where they are unable to take part by themselves.

**24. Aangoo fi Hojii Boordichaa**

1) Aangoo fi hojiin Boordii bulchiinsa liqii galteewwan qonnaa Naannoo hanga Gandaatti jiruuf Qajeelfama Dambii kana raawwachisuuf bahuun kan murta'uu ta'a.
2) Liqiin galteewwan qonnaa fandii naannawaan walqabatee kennamu akkaataan kenninsa liqii isaa Qajeelfama addatti gara fuula duraatti bahuun kan raawwatamu ta'a.

**25. Adeemsa Hojii Boordichaa Nannoo Irraa Hanga Gandaatti Itti Raawwatamu**

Dambii kana raawwachiisuuf Biiroon, Ejensiin, Mana hojii, Abbaa Taayitaa, Waajjira fi Miseesonni Boordii Dambii kana keessatti ibsaman hundii hojii fi ittigaafatamummaa isaanii bahuuf Koree Teeknikaa Naannoo irraa hanga Gandaatti diriiree jirutti fayyadamuun hojii kana kan raawwatan ta'a.

**Kutaa Afur**
**Tumaalee Adda Addaa**

**26. Ittigaafatumummaa**

Boordiin bulchiinsa liqii galteewwan qonnaa hojiilee Dambii kanaa fi Qajeelfama Dambii kana raawwachiisuuf bahu keessatti ibsaman, qooda fudhattoota dabalatee hojiirra oolchuuf yookiin raawwachuuf:

1) Qaamni liqii galteewwan qonnaa dhiyeessu yeroo, qulqullinaa fi bakka barbaadamutti dhiyeesuu;
2) Qaamni liqii galteewwan qonnaa raabsu, galteewwan qonnaa dhiyaateef yookiin fudhatee harka isaa jiru yeroodhaan ittifayyadamtootaf yoo raabsu;
3) Qaamni liqaa fudhatu liqii galteewwan qonnaa akkaataa fedhii fi gaaffii dhiyeessen, heeyyamamefii, yeroo jedhametti fudhachuu,

**24. የቦርዱ ሥልጣንና ተግባር**

1) ከክልል እስከ ቀበሌ ያለው የግብርና ግብዓቶች ብድር አስተዳዳር ቦርድ ሥልጣንና ተግባር ይህን ደንብ ለማስፈፀም በሚወጣው መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፡፡
2) ከተዘዋዋሪ ፈንድ ጋር ተያይዞ የሚሰጥ የግብርና ግብዓቶች ብድር አሰጣጥ ሁኔታ ወደፊት በሚወጣው የተለየ መመሪያ መሠረት የሚፈፀም ይሆናል፡፡

**25. ከክልል እስከ ቀበሌ የቦርዱ ተግባር የሚፈጸምበት ሒደት**

ይህን ደንብ ለማስፈፀም ቢሮ፣ ኤጀንሲ፣ መሥሪያ ቤት፣ ባለሥልጣን፣ ጽህፈት ቤት እና በዚህ ደንብ ውስጥ የተገለጹት የቦርድ አባላት ሁሉ ተግባርና ሃላፊነታቸውን ለመወጣት ከክልል እስከ ቀበሌ ድረስ የተዘረጋውን የቴክኒክ ኮሚቴ በመጠቀም ይህን ተግባር የሚፈጽሙ ይሆናል፡፡

**ክፍል አራት**
**ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች**

**26. ተጠያቂነት**

የግብርና ግብዓቶች ብድር አስተዳዳር ቦርድ በዚህ ደንብና ደንቡን ለማስፈፀም በሚወጣው መመሪያ ውስጥ የተገለጹትን ተግባራት ባለድርሻዎችን ጨምሮ ሥራ ላይ ለማዋል ወይም ለመፈፀም፡-

1) የግብርና ግብዓቶች ብድር የሚያቀርብ አካል ብድሩን በሚፈለግበት ጊዜ፣ ጥራት እና ቦታ ማቅረብ፤
2) የግብርና ግብዓቶች ብድርን የሚያከፋፍል አካል የቀረበለትን ወይም ወስዶ በእጁ ያለውን የግብርና ግብዓቶች በወቅቱ ለተጠቃሚዎች ማከፋፈል፤
3) ብድር የሚወስድ አካል የግብርና ግብዓቶች ብድሩን ባቀረበው ፍላጎት እና ጥያቄ መሠረት ተፈቅዶለት በተባለው ጊዜ መውሰድ፤

**24. Power and Duties of the Board**

1) The power and duties of the Agricultural Inputs Loan Board from Region to Kebele levels shall be determined by the directive to be issued for the implementation of this regulation.
2) Manner of providing Agricultural Inputs Loan in connection with revolving fund shall be implemented in accordance with the directive to be specifically issued in the future.

**25. Work Performances Processes of the Board from Region to Kebele**

All the Bureaus, Agencies, Government Institutions, Authorities, Offices and members of the Board specified in this regulation shall perform this duty using the technical committee laid down from Region to kebele to with a view to discharge their duties and responsibilities.

**Part Four**
**Miscellaneous Provisions**

**26. Accountability**

So as to implement or perform the duties specified in this regulation and in the directive to be issued for implementation of this regulation; including the stakeholders, the Agricultural Inputs Loan Administration Board:

1) The agricultural inputs providing body shall deliver same in the required time, quality and place;
2) Agricultural inputs distributing body shall distribute such agricultural inputs delivered to it or it has received to the beneficiaries timely;
3) Agricultural inputs borrowing body shall take this agricultural input loan shall be permitted as per the demand and request submitted and at the time determined;

4) Qaamni akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 hanga 3 jalatti ibsameen yoo rawwachuu baate seera haariiroo hawaasaa biyyattiitiin kan ittigaafataman ta'u.

**27. Aangoo Qajeelfama Baasuu**

Dambii kana raawwachiisuuf Biiroon Qajeelfama baasuu ni danda'a.

**28. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

Dambiin, Qajeelfamnii fi barmaatileen hojii Dambii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota Dambii kanaan haammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**29. Dhimmoota Dambii Kanaan Hin Hammatamiin**

Dambii kana keessatti dhimmoonni hin hammatamne yookiin dhimmoonni ibsa dabalataa barbaadan yoo qunnaman gaaffii Biirootiin Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiif dhiyaatanii murtiin kan itti kennamu ta'a.

**30. Yeroo Dambin Kun Hojiirra Itti Oolu**

Dambiin kun guyyaa Eebila 13, bara 2012 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

**Finfinnee**
**Guyyaa Eebla 13 Bara 2012**
**Shimallis Abdiisaa**
**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

4) ማንኛውም አካል በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 እስከ 3 ሥር በተገለጸው መሠረት ሣይፈጽም ቢቀር በሀገሪቷ የፍትሐብሄር ሕግ መሠረት የሚጠየቅበት ይሆናል፡፡

**27. መመሪያ የማውጣት ሥልጣን**

ቢሮው ይህን ደንብ ለማስፈፀም መመሪያ ሊያወጣ ይችላል፡፡

**28. ተፈጻሚነት የማይኖራቸው ሕጎች**

ከዚህ ደንብ ጋር የሚቃረኑ ማናቸውም ደንብ፣ መመሪያ እና ልማዳዊ አሠራሮች በዚህ ደንብ በተሸፈኑ ጉዳዮች ላይ ተፈጻሚነት አይኖራቸውም፡፡

**29. በዚህ ደንብ ያልተሸፈኑ ጉዳዮች**

በዚህ ደንብ ውስጥ ያልተሸፈኑ ጉዳዮች ወይም ተጨማሪ ማብራሪያ የሚፈልጉ ጉዳዮች ካጋጠሙ በቢሮው ጥያቄ ለክልሉ መንግሥት አስተዳደር ምክር ቤት ቀርበው ውሳኔ የሚሰጣቸው ይሆናል፡፡

**30. ደንቡ ሥራ ላይ የሚውልበት ጊዜ**

ይህ ደንብ ከሚያዝያ 13 ቀን 2012 ዓ.ም ጀምሮ ሥራ ላይ የሚውል ይሆናል፡፡

**ፊንፊኔ**
**ሚያዝያ 13 ቀን 2012 ዓ.ም**
**ሽመልስ አብዲሣ**
**የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዝዳንት**

4) If anybody fails to perform in compliance with the provisions under Sub Articles 1 to 3 of this Article, it shall be held liable under the Civil Laws of the country.

**27. Power to Issue Directives**

The Bureau may issue directives to so as to implement this regulation.

**28. Inapplicable Laws**

Any Regulation, Directive and Customary work practices in contradiction with this regulation shall not be applicable to the matters covered under this regulation.

**29. Matters Not Covered Under this Regulation**

Where there encountered matters which are not covered under this regulation or matters that require further clarification, they shall be submitted to the Regional State Administrative Council for decision by the application of the Bureau.

**30. Effective Date**

This Regulation shall enter into force as of 20th April, 2020.

**Finfine**
**April 20, 2020**
**Shimeles Abdisa**
**President of Oromia National Regional State**